Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

STATE OF WASHINGTON
DEPARTMENT OF SOCIAL AND HEALTH SERVICES
DIVISION OF CHILD SUPPORT (DCS)

Odeeffannoo Hojiirra Oolmaa Deeggarsa warra gargaarsa malee

Nonassistance Support Enforcement Information

(Boqonnaalee 26.18, 26.23, 34.05, 74.20, fi 74.20A RCW)

Guca kana qabadhu; inni odeeffannoo seeraa waa'ee dhimma deeggarsa daa'ima keetii kan ofkeessaa qabudha.

Qaamoleen Ajaja Deeggarsa Keessanii

Qaamoleen lamaan ajaja deeggarsa keetii kan ta'an maatii guddistoota hin taaneefi maatii warra guddisa yookin guddistoota qaamaan jiranidha. Maatii guddistoota hin taane nama isa kaffaltii deeggarsa dirqama kaffaaluudha. Maatii guddisan yookin maatiin guddisaa qaamaan jiran jechuun nama daa'imtiisaa akkuma barameen waliin jiraatudha. Maatiileen giddusan yookinguddistoota hin taane isaan lamaanuu tarii uwwisa inshuraansii fayyaa fi/ yookin deeggarsa wllansa fayyaa daa'ima akka kaffaluu isaan irraa eegama ta'a.

- Deeggarsi meedikaalaa kan ofkeessaa qabu gahee madaalamaa baasiiwwan inshuraansiin hin galamneef fi gahee filatamaa meedikaalaa (kaffaltii maallaqaanii) yoo ajaja keessaniin barbaachisaa ta'ee argamee inshuraansii fayyaatin hin kennamne ta'ee dha.

Kutaa Deeggarsa Daa'imaa

Kutaan Deegrsa Daa'imaa (DCS) waajiraalee guutuu naannoo keessatti argaman ni qaba. DCS dhimmoota deeggarsa daa'imaa kan jajjabeessu fi oogganuu dha. DCS ajaja deeggarsa keessanii akka jajjabeessu gochuuf,qaamolee ajaja keessaa inni tokko dirqama barreeffamaan deeggarsa tajaajilawwan hojii irra oolmaaa gaafachuu qaba.

Ajajni deeggarsa keessanii galmee deeggarsaa karaa Washington State kan gaafatu (kutaa itti aanu ilaali) yoo ta'e, garuu Dcs gaaffii tajaajilawwanii hin fudhatu, DCS dhimma Tajaajilawwan Kaffaltii Qofa (Payment Services Only (PSO)) isiniif ni bana. Dcs kan kennu dimmoota PSO dhaaf kaffaltii adeemsisuufi galmee qabachuu dha.

Mana Galmee Deeggarsaa Washington State

Manni galmee Deeggarsaa Washington State (WSSR) qaama DCS isa galmeewwan qabatuu fi kaffaltiiwwan deeggarsaa kan raabsuu dha. DCS ajaja deeggarsaa keessan gara WSSR keessa kan inni galchu kanneen keessaa inni tokko yoo mul'atee dha.

1. Qaamolee ajaja deeggarsaa keessan keessaa inni tokko tajaajilawwan hojii irra oolmaa deeggarsaatif DCS gaafate.
2. Aajni deeggarsaa keessan deeggarsa karaa WSSR kaffaluuf maatii guddistoota hin taane kan gaafatu ta'e dha.

Wanti Isin Dirqama Raawwattan

Isin al tokko tajaajilawwan hojii irra oolmaa deeggarsaatif DCS gaafannaan. Isin dirqama:

1. Kaffaltiiwwan isin kallattiidhan maatii guddistoota hin taaneirraa fudhattan hunda DCS dhaaf erguu qabdu. DCS dhimma keessan hojjechuuf dirqama galmee kaffaltiiwwanii hunda qabaachuu qaba. Yoo isin tajaajilawwan DCS tiif gaafachuu keessaniin dura kaffaltiiwwan deeggarsaa fudhattanii jirtu ta'e, isin diqama mirkaneessa tarreeffama kaffaltiiwwan kanneenii DCS dhaaf kennuu qabdu. Yeroo isin kaffaltiiwwan isin maatii mit rrgduu irraa kallattiidhan fudhattan DCS dhaaf ergitan, DCS hamma san deebiit kaardii DCS keessan yookin hamma san akkaawuntii kuusaa kallattii keessatti isiniif kuusa.
2. Yoo isin teessoo keessan yookin bilbila keessan jijjiirtan DCS dhaaf himaa. DCS odeeffannoo kana dhimma keessaniif isin waliin qunnamuuf barbaada. DCS tarii beeksisawwan seera qabeessa ta'an karaa ergaa sadarkaa taokkoffaatin isin tajaajila ta'a.
3. Yoo isin maatii guddistan hin taane waliin walitti deebitan yookin daa'imti iddoo biraa jiraachuuf deeme battalumatti DCS dhaaf himaa. Yeroo gafatamtanitti isin odeeffannoo dabalataa DCS dhaaf dirqama kennuu qabdu.
4. Isin abukaatoo yookin dhaabbata dhuunfaa deeggarsa keessan isiniif fudhatu kan bitattan yoo ta'e DCS dhaaf himaa. Isin dirqama maqaafi teessoo abukaatoo yookin dhaabbata dhuunfaa keessanii DCS dhaaf himuu qabdu. Isin diqama abukaatoon yookin dhaabbatni dhuunfaa maal faa irratti akka hojjetu DCS dhaaf himuu qabdu.
   a. Yeroo abukaatoo yookin dhabbatni dhuunfaa keessan sassaabuuf yaalanitti tarii DCS deeggarsa kee sassaabuu hin danda'u ta'a.
   b. Yoo isin ajaja deeggarsa keessanii jijjiirrachuuf abukaatoo bitattan, isin yookin abukaatoon keessan dirqama maatii mit eegduu fi DCS dhaaaf beeksisaan tajaajiluu qabda.
5. Koppii ajajawwan deeggarsaa dhimma keessaniif galan hunda DCS dhaaf kenni yookin DCS akka argatu godhaa.

Ulaagaalee Tajaajilawwan Hojiirra Oolmaa Deeggarsa warra Gargaarsa Malee Argachuuf Barbaachisan

Yoo isin daa'ima tajaajilawwan hojiirra oolmaa deeggarsaa gaafachaafii jirtaniif guddistuu/saa seera qabeessa hin qabaanne, akka isin karaa sirrii hin taanen daa'ima guddistu/guddisu seera qabeessa ta'e irraa hin fudhanne dirqama labsuu qabdu.

Yoo isin gargaarsa yeroodhafii warra gargaarsa barbaadanii (TANF), TANF Gosaa, yookin gargaarsa Maatiiwwan Daa'imman Hirkattoota (AFDC) daa'ima(mman) kamiifuu irraa **gonkumaa hin fudhanne ta'e** DCS deeggarsa $550 isinii ergu keessaa DCSdhumtikaffaltii $35 bara baajataa waggaa tokko tokkoon irraa ni sassaaaba. Barri baajataa waggaa waggaadhan Onkololeessa 1 irraa jalqabee Fulbaana 30 xumuurama. DCS kaffaltii kana kan isin irraa sassaabu erga DCS $550 kan jalqabaa isinii ergee booda kaffaltiiwwan deeggarsaa $35 isin yaadachiisudhaani. Sababa daa'imman keessan abbaa adda addaa qabaniif dhimma tokkoo ol kan qabdan yoo ta'e, tarii kaffaltii waggaa tokkoon ol isin ga'a ta'a. Yoo isin TANF, TANF Gosaa, yookin AFDC mirkaneessa kanneen akka jecha kakuudhan mirkaneeffame kan eejansii gargaarsa hawaasaa naannoo biraa irraa yookin koppii mirkaneeffamaa galmee gargaarsa keessanii naannoo biraa irraa fudhattan dirqama DCS dhaaf erguu qabdu. Hamma nuti mirkaneessa fudhannutti DCS kaffaltii ni fudhata. Yoo kaffaltaa kan $35 ta'e kaffaluun maatii kee irratti rakkoo uuma ta'e Yaa'ii Boordiitti iyyachuudhaan akka DCSn irraa si hambisu gaafachuu ni dandeessa.

Tajaajilawwan Hojiirra Oolmaa Deeggarsaa

Yoo isin ajaja deeggarsaa kan hamma isaa lafa kaa'e qabaattan, DCS hamma san sassaabuuf ni yaala. Akkuma beekamutti DCS kan sassaabu miti fi kan inni sassaabu dhalli ajaja keessan keessaa akkuma dabalaa deemeni. Dhimmoota muraasa ta'an keessatti, DCS tarkaanfii sassaabuu jalqabuu isaatin dura paartiilee ajaja deeggarsaa lamaanifuu tajaajila beeksisaa ni kenna.

Yoo isin ajaja deeggarsaa hin qabaanne ta'e yookin ajajni deeggarsaa keessan deeggarsa daa'imaa fi deeggarsa meedikaalaa lamaanuu kan hin ibsine yoo ta'e, DCS ajaja deeggarsaatif paartilee lamaanifuu tajaajila beeksisaa ni kenna.

1. Beeksisa kana irratti, DCS hamma deeggarsa daa'imaa fi deeggarsa meedikaalaa akkuma barbaadameen ni kaa'a. DCS hamma deeggarsa daa'imaatif kan bu'ureeffatu galii paartiilee lamaan irraa qindaa'e fi lakkoofsa daa'imman hirmaatanii irratti dha.
2. Yeroo uwwisni karaa mindeessaa maatii yookin yuunuyanii dhaan baasii hammi isaa dirqama deeggarsa bu'uraa maatii irraa parsantii 25 hin caallen kan raawwatamu ta'e uwwisa inshuraansii fayyaa kennuuf ajajni kee dirqama maatiilee dirqama qaban lamaanuu tokkoon tokkoon isaanii ni gaafata.
3. Inshuraansiin fayyaa maatii dirqama qabuun kan hin kennamne yoo ta'e, isiniin ykn mootummaadhan kafalama, ajajni tarii dirqama deeggarsa meedikaalaa gara kaffalamaa isa filatamaa lamaan keessan keessaa isin ofkeessaa qaba ta'a.

Yoo ajajni deeggarsaa keessan hamma deeggarsaa murtaawaa kan hin keenye fi garuu foormulaa murteessu kan ibsu yoo kan ibsu ta'e, DCS ajaja deeggarsaa keessan paartiilee lamaanifuu **Beeksisaa Deeggarsa Hafeef** tajaajila ni kenna.

1. Beeksisa kana keessatti, DCShamma deeggarsa murtaa'e ni kaa'a. Ajaja deeggarsa keessaniitif paartiilee lamaan keessaa kamiyyuu hamma deeggarsaa DCS kaa'e kana irratti walitti bu'iinsa tasgabbeessuuf naaf haagaluu gaafachuu danda'a.
2. DCS hamma deeggarsaa ajaja deeggarsaa keessan irratti paartiilee lamaanuu waliin waliigaltee irra ga'uuf ni yaala.

Al tokko erga hammi deeggarsaa murtaa'e fi yoo DCS mindeesaa maatii mit eegduu beeke, DCS beeksisa ***deeggarsaaf galii dhoorkuu*** mindeessaa ni gaafata. Beeksisni kun mindeessaan galii yookin mindaa maatii mit eegduu irraa deeggarsa akka dhoorku kan barbaadu dha. Yoo DCS mindeessaa maatii mit eegduu kan hin beekne ta'e, madda galii mindaa yookin galiiwwanii barbaaduuf yaaluun deeggarsa keessan sassaabuuf ni yaala ta'a.

Yoo ajajni deeggarsa keessanii deeggarsa meedikaalaa daa'imaa dhaaf barbaachisan kan ofkeessaa qabu ta'e, DCS wantoota barbaachisan kanneen hojiirra oolchuu ni yaala. Tarkaanfiin DCS fudhatus wantoota akka guuttaman ajaja keessan keessaa irratti kan hundaa'u dha.

1. Yoo isin ajaja maatiin mit eegduu uwwisa inshuraansii fayyaa akka kennu, ga'ee madaalamaa baasiiwwan meedikaalaa inshuraansiin hin galamneef akka kaffalu, kan irraa hir'ifaman, fi kaffaltiiwwan isaan wal qabatan yookin hamma doolaara dabalataa yeroo maatiin mit eegduu uwwisa inshuraansii argamuu danda'u hin qabnee gaafatu qabaattan, DCS wantoota deeggarsa meedikaalatiif barbaachisan kanneen kam iyyuu hojiirra ni oolcha.
2. Yoo isin ajaja deeggarsaa maatiin mit eegduu daa'imman keessaniif inshuraansii fayyaa akka kennu hin gaafanne qabaattan, DCS tarii ajaja keessan fooyyessuuf ni tattaafata.
3. Yoo isin ajaja deeggarsaa uwwisa inshuraansii fayyaa akka isin kennitan, ga'ee madaalamaa baasiiwwan meedikaalaa inshuraansiin hin galamneef akka kaffaltan, kan irraa hir'ifaman, fi kaffaltiiwwan isaan wal qabatan, yookin yoo isin uwwisa inshuraansii fayyaa hin kennine ta'e ga'ee inshuraansii fayyaa maatiilee biroo akka kaffaltan isin gaafatu qabaattan, yoo maatiin mit eegduu tajaajilawwan hojiirra oolmaa deeggarsaa kan gaafatu ta'e DCS wantoota barbaachisoo ta'an kanneen tarii hojiirra ni oolcha ta'a.

Yoo isin daa'ima dhaaf uwwisa inshuraansii fayyaa kan qabdan ta'e, isin mirkaneessa uwwisaa DCS dhaaf kennuu qabdu. Mirkaneessa keessaniif tarii guca ***odeeffannoo inshuraansii fayyaa maatii eegduu*** kanaan qabatee jiru guuttanii deebisuu qabdu.

Yoo isin uwwisa inshuraansii fayyaa kan qabdan ta'ee fi DCS ajaja deeggarsaa keessaniif deeggarsa meedikaalaa barbaachisoo akka hojii irra oolchu kan hin barbaanne ta'e, isin dirqama mirkaneessa uwwisaa DCS dhaaf kennuu fi akka wantoota deeggarsa meedikaalatiif barbaachisan DCS akka hojiirra hin oolchine barbaaduu keessan barreffamaan ibsuu qabdu.

Yoo haatif abbaan gonkumaa wal hin fuune, fi:

1. Tokkoon yookin lamaan isaanii ***Beekkamtii Abboomummaa*** kan hin mallatteessine ta'e, manni murtii naannoo yookin gosaa abbaa seera qabeessa murteessuu qaba. Tarkaanfiin akka itti fudhatamu DCS dhimma keessan gara himannaa abukaatoo, mana murtii gosaa, yookin waajjira waliigalaa abukaatoo ni erga.
2. Lamaan isaanituu ***Beekkamtii Abboomummaa*** kan mallatteessan yoo ta'e, murtee mana murtiitin alatti DCS tarii ajaja deeggarsaa ni jalqaba ta'a.

Yoo paartiin inni biraa ajaja dhimma keetii kana gochuuf DCS gaafate, yoo isin isaan hin barbaanne illee DCS tajaajilawwan hojiirra oolmaa deeggarsaa ni kenna.

Yoo paartiileen lamaanuu ajaja deeggarsaa Washington State hin jiraanne ta'e, kanneen armaan gadii lamaanuu yoo dhugaa ta'an DCS tajaajilawwan hojiirra oolmaa deeggarsaa ni kenna. deeggarsa

1. Paartiin ajaja deeggarsa keessanii kam iyyuu naannoo biraa irraa tajaajilawwan hojiirra oolmaa deeggarsaa hin fudhanne ta'e.
2. Maatiin mit eegduu Washington State waliin qunnamtii qabaate. Qunnamtiin kan ofkeessaa qabus mindeessitoota Washington keessatti hojjechaa jiran irraa mindaa kan argatu, Washigton keessaa qabeenya kan qabu ta'e fi kanneen kana fakkaatan. DCS akka deeggarsa sassaabu eeyyamuuf maatiin mit eegduu dirqama waliin Washington State walqunnamtii gahaa ta'e qabaachuu qaba

Maatiin mit eegduu naannoo biraa keessa kan jiraatu ta'ee fi Washington States waliin walqunnamtii hin qabu taanan, fi yoo isin Waashington States keessa kan jiraattan ta'e, tarii DCS kanneen armaan gadii keessaa kam iyyuu gochuu danda'a ta'a.

1. Dhimmichaa aangoo murteessuu uumuuf yaaluu fi akka seera Washington States jalaatti deeggarsa sassaabuu.
2. Deeggarsa sassaabuuf bakka maatiin mit eegduu argamu naannoo gaafachuu.

Kaffaltiiwwan deeggarsaa ji'a darbee hin kaffalamneef DCS maatii mit eegduu waliin haala ni mijeessa. DCS kaffaltii kanaaf kan bu'ureeffatu ulaagaa deeggarsaa ajaja deeggarsaa keessan irratti fi hamma waliigalaa kaffaltii ji'a darbee dhimmichaaf kaffalamuu qabu irratti.

Yoo isin ajaja deeggarsaa DCS ***Deeggarsaaf Galii Dhoorkuu*** irratti akka tajaajilu eeyyamu qabaattan, DCS mindeessaa maatii mit eegduu irratti beeksisa ni baasa (kan beekamu yoo ta'e).

Yoo isin ajaja deeggarsaa DCS ***Deeggarsaaf Galii Dhoorkuu*** irratti akka tajaajilu hin eeyyamne qabaattan, DCS maatii mit eegduu irratti ***Beeksisa Dirqama Deeggarsaa Fi Kaffaltiif Waamuu*** ni baasa. ***Beeksisni Dirqama Deeggarsaa Fi Kaffaltiif Waamuu*** kan ibsu hamma deeggarsaa fi DCS akka ***deeggarsaa***f ***galii dhoorkuu*** irratti tajaajilu aangoo kennuu dha.

1. Yoo isin fudhataa manni murtii eeyyameef taatan, DCS garagalcha beeksisaa hamma deggarsaa ibsu erga. Yoo isin garagalcha fudhattanii hamma beeksisa irratti ibsame irratti walii hin galtan ta'e, tarii isin ol iyyannoo gaafattu ta'a.
2. Maatiin mit eegduu waa'ee waliigaltee dhabuu beeksisa hamma deeggarsaa ibsuu waliinii tasgabbeessuuf tarii Koonfaransii Boordiif (Ol iyyannoo ifatti hin bane) ni gaafata ta'a. Isin tarii Koonfaransii Boordii irratti qooda fudhattu ta'a.
3. Yoo isin ol iyyannoo gaafattanii fi maatiin mit eegduu Koonfaransii Boordiif gaafate, ol iyyannoo yookin Koonfaransii Boordii irraa isin filachuu dandeessu.

Ta'ii kam iyyuu jalqabuuf, hojiirra oolchuuf, yookin ajaja deeggarsaa fooyyessuuf, DCS tarii ajajaaf beeksisa barreeffamaa paartiilee lamaanuu qopheessee ergaa sadarkaa tokkoffaatin ni baasa. DCS beeksisawwan kanneen kan baasu teessoowwan paartiilee yeroo dhumaatif beekaman irratti. Yoo DCs beeksisa isin irratti baase, tarii inni isiniif ajaja isa dhumaa beeksisa dabalataa biraatin ala ta'a. Manni Murtii yookin Abbaan Seeraa Bulchiinsaa (ALJ) paartiin fooyyessa irratti yoo argamuu baate iyyata fooyyessa ajaja deeggarsaa ni mirkaneessa. Yoo DCS paartiin osoo hin argamin hafe sun beeksisni ergaa sadarkaa tokkoffaatin teessoo isaa isa dhumaa beekautti ergameefitti qabatamaatti fudhachuu isaa yoo mirkaneessuu baate illee kun hojiirra oola.

Daa'ima keessaniif DCS wantoota barbaachisoo ijaaru yookin eegumssa yookin daawwannaa mijeessu hin danda'u.

Bakka Buusuu

DCS fi Waajjiraaleen waliigalaa Abukaatoo fi Waajjiraaleen Abbaa Alangaa DCS waliin hojjetan Dippaartimentii Tajaajilawwan Fayyaa Fi Hawaasummaa bakka bu'u. Waajjiraaleen kunniin paartii ajaja keetssanii kam iyyuu bakka hin bu'an.

Walga'iiwwan

Paartiileen lamaanuu ajaja deeggarsa keessanii walga'iiwwan ajaja deeggarsaa keessan irratti akka argaman Boqonnaan 34.05 RCW ni eeyyama. Paartiin kam iyyuu walga'icha irratti qaaman yookin bilbilaan hirmaachuu danda'a. Walga'iiwwan hamma deeggarsa keessanii ni miidhu. Yoo isin walga'ii irratti hirmaachuu baattan, ALJ gaaffiilee DCS yookin paartii biraatin ajaja deeggarsaa keessan irratti dhiyaatan beeksisa dabalataatin alatti ni mirkaneessa. Walga'ii irratti isin bakka bu'uuf tarii gorsi seeraa isin barbaachisa ta'a.

Hir'isuu
Yoo maatiin waliin jiraatanii hin guddisne kan bakka tokkotti murtaa'anii jiran ta'e ykn yoo xiqqate ji'a ja'aaf akka mana hidhaa keessa, hidhamanii ykn mana amala sirreessa akka turan kan itti murtaa'e ta'ee deeggarsa daa'imaa kaffaluu hin dandeenye ta'e seerri Waashingiteen deeggarsi daa'imaa yeroof akka hir'atu ni hayyama. Adeemsi akkasii kun ammoo hir'isuu jedhama. Ati maatiin waliin jiraattee hin guddisne, ykn DCSn hir'isuu kana gaafachuu ni danda'a. Yoo hir'isuun dhimmi kee kan ilaallatu ta'e, ergaa waliigaltee hir'isuu kan ibsuufi isaan yoo kan walii hin galle ta'e mirga iyyachuu tokkoo tokkoo namaa kan ibsu DCS irraa ibsi si qaqqaba.

Tajaajilawwan Sassaabuu
DCS kanneen armaan gadii gochuuf yaala:
1. Deeggarsa ammaa fi kan darbe (yoo jiraate) sassaabuu.
    - Haalota murtaawaa ta'an jalatti, maatiin mit eegduu hamma deeggarsaa ji'a ji'aanii kan ammaa ajaja deeggarsaa keessan irra jiru irraa gadii akka kaffalan waliigaltee yeroo gabaabaa keessa seena ta'a. DCS deeggarsa yeroo ammaa fi kan darbee isa sassaabbamin hunda akka sassaabbatu kaffaltiiwwan adeesa yeroo keessatti dabalaa deemu.
2. Dhala deeggarsa hin kaffalamin kan yerroo darbee sassaabuuu. DCS kana kan raawwatu yoo isin ajaja deeggarsaa yookin murtii mana murtii gosaa hamma dhala kuufamaa waliigalaa ibsu qabaattanii dha.
3. Gatiiwwan kunuunsa daa'imaa sassaabuu, yoo ajaja deeggarsaa keessan keessatti gaafatame.
4. Ajaja deeggarsaa keessan irratti yoo gaafatame deeggarsa abbaa/haadha manaa (maallaqa) sassaabuu. DCS hamma deeggarsa abbaa/haadha manaa hin murteessu.
5. Ulaagaalee deeggarsa meedikaalaa hojiirra oolchuu. DCS baasiiwwan meedikaalaa hinkaffalamin(kanneenakka kaffaltiiwwan duraa, hir'ifamtoota fi filatamtoota) furmaata daa'ima ajaja jalatti qabamaniif akka Boqonnaalee 74.20 fi RCW 74.20A RCW jalatti argamuu danda'uun tarii ni sassaaba ta'a. WAC 388-14A-1020 baasiiwwan meedikaalaa inshuraansiin hin galamneef ni murteessa. DCS tarii ulaagaalee inshuraansii fayyaa hojiirra oolchuu yookin buusiin maallaqaa baasiiwwan ga'ee madaalamaa maatiilee dirqamanii irra akka hin caalle, dirqama deeggarsa bu'uraa daa'imaa maatii keessaa parsantii 25 irratti akka daangeffamu ***Beeksisa Deeggarsa Wallaansa FayyaaBiyyoolessaa*** ni tajaajila.
6. Daa'imman sadarkaa lammaffaa erga fixanii booda barnoota isaanii itti fufaniif deeggarsa barnoota sadarkaa lammaffaan boodaa hojiirra oolcha. Deeggarsa kan akka kanaa kan muteessuu danda'u naannoo yookin mana murtii gosaati. DCS deeggarsa kanneen akka kanaa hin raawwatu.

Isin DCS tarkaanfiilee kutaa kana keessatti tarreeffaman akka fudhatu gaafachuu hin qabdan. DCS kan hojjetu akkuma dhimmi kee gaafatutti. Haata'u iyyuu malee, DCS deeggarsa keessan akka sassaabu tarii odeeffannoo haaraa isa gargaaru isin ni argattu ta'a. Yoo isin kana gootan, isin dirqama DCS himuu qabdu. Wal qunnamtii DCS waliin taasiftan hunda irratti odeeffannoo armaan gadii dabalaa.
1. Maqaa keessan, teessoo, lakkoofsa bilbilaa, fi lakkoofsa dhimmaa.
2. Maqaa maatii mit eegduu fi lakkoofsa nageenyummaa hawaasaa (kan bekamu yoo ta'e)

Tajaajilaawwan DCS Dhaabuu
Yoo isin DCS tajaajilawwan sassaabuu kennu guutuu akka dhaabu kan barbaaddan ta'e, barreeffamaan DCS gaafachuun dirqama. Yoo isin ajaja deeggarsaa maatii mit eegduun deeggars karaa WSSR akka kaffalu gaafatu qabaattan, DCS tajaajilawwan saassaabuu inni kennu guutuu ni dhaaba, Dhimma keessan gara PSO dabarsa akkasumas maatii mit eegduutti ni hima. Yoo ajajni deeggarsaa keessan kaffaltii karaa WSSR kan hin gaafanne ta'e, DCS dhimma keessan ni cufa.
Yoo isin yookin daa'imti deebi'ee/tee maatii guddisaa hin taane deebiyanii walitti makaman, DCS deeggarsa yeroo ammaa sassaabuu ni dhaaba. DCS waa'ee jijjiiramawwan gosa tajaajila isin fudhattan kam iyyuu isinitti hima.

Waliin Madaala Galii Qaraxa Feederaalaa Maallaqa Kaffalame deebisanii kennuu, Waliin Madaala Bulchiinsaa, fi Fudhatama Dhabuu Paaspoortii.
Maatii mit eegduun abbaa idaa deeggarsa yeroo darbee hin kaffalamin ta'ee, dhimmi keessan ulaagaalee kanneen armaan gadii kan guutu yoo ta'e, DCS tajaajila galii biyya keessatiif ni hima:
1. DCS lakkoofsa nageenya hawaasummaa maatii mit eegduu beeka.
2. Deeggarsi duubee yeroo darbe hin kaffalamne ajaja deeggarsaa alatti kaffalama.
3. Maatii mit eegduun duubee deeggarsa yeroo darbe hin kaffalamin waliigala $500.00 yookin isa caalu abbaa idaa dha. DCS idaa waliigalaa deeggarsa yeroo darbe hin kaffalaminmuteessuu hin dandeenye, hamma DCS dhimma keessan fudhatutti DCS tarii duubee gara hamma kuufameetti ni daangessa ta'a.

IRS idaa deeggarsa daa'imaa yeroo darbe hin kaffalamin akka kaffalu qaraxa maatii mit eegduun irra deebi'ee kaffale gara DCS erga.

Yoo maatiin gudditsuu/saa waliin deebisa qaraxaa guute, DCS maallaqa irra deebi'amee kaffalame tarii isiniif erguu isaatin dura ji'oota jahaaf ni qabata ta'a. Hamma waliin guutaan inni biraa ga'ee isaanii irra deebi'amee kaffalamu irraa hamma mirkaneeffatutti DCS deebisa qaraxaa tarii ni qabata ta'a.

Kaffaltiiwwan kanneen biroo maatii mit eegdutiif mootummaa feederaalatiin kaffalamanis tarii deeggarsa duraan hin kaffalamne kaffaluuf waliin madaalama ta'a.

Yoo maatii mit eegduun idaa yoo xiqqaate $2,500.00 qabaate, mootummaan feederaalaa paaspoortii maatii mit eegduu ganuu danda'a.

Rabsama Kaffaltii

Kaffaltiiwwan deeggarsaa raabsuuf seerotni naannoo fi feederaalaa cimoo ta'antu jiru. DCS guyyaa naga'ee kaffaltii akkamiin akka maallaqa deeggaru itti fayyadama. Paartiilee lamaan ajaja deeggarsaa keessaa dheerina yeroo kaffaltii gaafachuu hin danda'an.

1. Kaffaltii qaraxaa IRS irraa deebi'amee kaffalame, deeggarsa yeroo ammaa ji'a sanaatin alatti, DCS maallaqa ji'a tokkoon tokkoon irratti sassaabe hojiirra oolcha. Kaffaltiiwwan IRS kan hojiirra oolan deeggarsa daa'imaa yeroo darbe osoo hin kaffalamin hafeef qofa dha.
2. Yoo isin akka eegduu daa'imman muraasaatti TANF, TANF Gosaa, yookin AFDC irraa gonkumaa fandii hin fudhanne ta'e, DCS tarii kaffaltii baasii waggaa $35 ni tursiisa ta'a. DCS kan kaffaltii sassaabu erga deeggarsi $550 dhimmicha irraa waggaa waggaatti Onkololeessa 1 fi Fulbaana 30 gidduutti isiniif kaffalameen booda.
3. Yoo DCS hamma deeggarsa yeroo ammaa kan caalu sassaabe, DCS deeggarsa kaffaltii dabalamu hin kaffalamnee yeroo darbee itti fayyadama.
4. Yoo maatii mit eegduun idaa deeggarsa yeroo ammaa maatii tokkoon olii kan qabu ta'e, DCS kan maallaqa hojiirra oolchu deeggarsa hin kaffalamnee yeroo darbeetin dura dirqamawwan deeggarsaa yeroo ammaa hundaatifi. Isinis ta'ee maatii mit eegduun DCS akkamiin kaffaltiiwwan faffacaasu addaan baasuu hin dandeessan.
    - Seera armaan oliitin ala kan ta'e tokkotu jira. Maatiin mit eegduu facaatiin kaffaltiiwwanii dhimmoota PSO dhaaf akka ta'u addaan baasuu danda'a. PSO gara dhimmoota kanneen DCS galmee qabuu fi raabsa kaffaltii itti kennu ni erga garuu ajaja deeggarsaa hojiirra hin oolchu.

DCS kaffaltiiwwan deeggarsa yeroo ammaa isiniif erga. Yoo isin kallatiidhan kaawwachuuf mallatteessitan, DCS dabarsa fandii elektiroonikii (EFT) fayyadamee kaffaltiiwwan kallaattiidhan akkaawuntii baankii keessanitti ni galcha.

BEEKSISA: Yoo isin kallattiidhan kuufachuuf mirga hin qabaanne, DCS battalumatti Viizaa deebiit kaardii gatii kuufamaa deebiit kaardii DCS jedhamu isiniif erga. Yoo isin deebiit kaardii DCS qabaattan, DCS deeggarsa daa'ima keessanii akkaawuntii baankii keessanii manna kaardii irratti isiniif galcha. Dhimmoota baay'ee isaanii keessatti, kaffaltiiwwan deeggarsa daa'imaa kan argaman akkaawuntii baankii keessan yookin deebiit kaardii DCS keessan irratti erga DCS dhimma keessan irratti hojiirra oolchee kaasee guyyoota hojii sadi keessattii dha. Bakka VISA fudhatama itti qabuu fi maashiniiwwan awtomaatikii baankarii kam iyyuu irratti deebiit kaardii DCS fayyadamuu dandeessu. Isin odeeffannoo waa'ee kaffaltiiwwan elektiroonikii, yookin filannoowwan kaffaltii ittiin fudhatan kanneen biroo lakkoofsa bilbilaa 800-468-7422 irratti bilbiluun yookin onlaayiniin www.dshs.wa.gov/dcs irraa argachuu dandeessu.

Kaffaltiiwwan deeggarsaa kana dura hin kaffalamne tarii isiniif ni kaffalamuu yookin kaffalamuu dhiisu ta'a.

1. Yoo isin yookin daa'imti keessan gonkumaa gargaarsa hawaasummaa hin fudhanne, DCS maallaqicha isiniif erga.
2. Yoo isin gargaarsa hawaasummaa fudhattanii fi If dirqamni seeraa isin irra hin jiru taanaan, DCS maallaqicha isiniif erga.
3. Yoo isin kanaan dura gargaarsa hawaasummaa fudhattanii jiraattan, DCS deeggarsa yeroo darbe hin sassaabbane sassaabe kan hiru akkaataa armaan gadiitin isin gargaarsa hawaasummaa fudhachuu dhaabdaniiti:
    a. Tokkoffaa, deeggarsa yeroo darbe isiniif hin kaffalamnee kan gara mootummaatti hin ramadamne kamiifuu.
    b. Lammaffaa, deeggarsa yeroo darbe hin kaffalamnee kan yeroodhaa murtee Onkololeessa 1, 1997 booda, fi Onkololeessa 1, 2008 dura kennameen kan qaama deeggarsa yeroo duraa hin kaffalamnee dhaabbatummaan mallatteeffamee hin taane ibsame kamiifuu.
    c. Sadaffaa, deeggarsa yeroo darbe hin kaffalamin deeggarsa meedikaalaa daa'ima (mman) dhaaf kaffalamu kamiifuu.
    d. Afraffaa, deeggarsa yeroo darbe hin kaffalamin Onkololeessa 1, 1997 dura yookin guyyaa sanaan booda sababii fandiin ji'a sana keessatti isiniif kennamuu isaatin kenna gargaarsa hawaasummaatin gara muutummaatti darbe yookin kamiifuu.
    e. Shanaffaa, deeggarsa meedikaalaa daa'ima (mmanii) mootummaaf kenname kamiifuu.
    f. Kaffaltiiwwan IRS irraa fudhataman kan deeggarsa yeroo darbee hin kaffalaminii fi deeggarsa yeroo darbee hin kaffalamin kamiifuu hiramuu isaatin dura gara deeggarsa meedikaalaa yeroo darbee hin kaffalamin kamiifuu.
4. Yoo maatii mit eegduun idaa deeggarsa yeroo darbee maatii tokkoon olii kan qabu ta'e, maallaqa sassaabbame DCS haala wal-gitaa ta'een maatiilee gidduutti ni hira.

Kaffaltii Debisiisuu

Seera RCW 26.23.035(3) fi 74.20A.270 irratti hundaa'uun, DCS kaffaltiiwwan dogoggoraan siif ergaman fi/yookin caalmaan siif ergaman deebissisuu danda'a.

1. kaffaltiiwwan DCS siif erge dirqama ni deebista. Yoo:
   a. DCS dogoggoraan maallaqa siif erge.
   b. DCS maallaqa maatii mit guddistuun kaffale caalaa siif erge, kaffaltii irra caalu kan jedhamu.
2. Yoo tajaajilaa kaffaltiii qofa ykn Payment-service only (PSO) qabaatte, DCS jalqaba kaffaltiiwwan dogoggoraan siif erge fi / yookin kaffaltiiwwan irra caalmaa kaffaltii gara fuula duraa siif fudhatu irraa hambisuun deebisa. RCW 26.23.035(3) biiksisa osoo siif hin kennin tarkaanii kana ni eeyyama.
   a. DCS battalumatti kaffaltiiwwan gara fuula duraa yeroo ammaa irraa parsantii 10 ni hambifata.
   b. DCS battalumatti kaffaltiiwwan yeroo darbe hin kaffalamin kan gara fuula duraa kaffalamu parsantii 100 ni hambifata.
3. DCS kaffaltiiwwan dogoggoraan fi / yookin irra caalmadhaan siif erge dibifachuuf jecha tarkaanfilee ittiin sasssaaban kanneen biroo kan RCW 74.20A.270 dhaan eeyyamaman ni fudhata. Kuni yoo ati karaa DCS kaffaltiiwwan deeggarsaa fudhachuu dhaabde illee hojiirra oola. Yoo Dcs filannoo kana filate, DCS beeksisa isin irratti baasa. Mormiin yoo dhiyaachuu baate, kanneen armaan gadii DCS dhaaf ni eeyyamamu:
   a. Mindeessaa keetif yookin nama biraatif yookin dhaabbata qabeenya kee siif qabuuf ajaja hir'isa galii deeggarsa keetii irraa akka hir'ifamu erguu. Ajajni yookin beeksisni mindeessaan kee yookin namni biraa yookin dhaabbatni hamma kaffaltii dogoggoraan yookin irra caalmadhaan siif ergame galii, mindaa fi qabeenya kee irraa akka hir'isan kan gaafatuu dha.
   b. Qabeenya dhugaa fi dhuunfaa keessan irratti ajaja baafachuu.
   c. Mala ittiin sassaaban danda'amaa DCS boqonnaalee 26.09, 26.18, 26.23, fi 74.20 RCW. Jala jiran fayyadamuu.

Odeeffannoo Gosaa

Kana raawwachuuf DCS fi gosti waliigltee yoo qabaatan malee, adeemsawwan hojiirra oolchuu fi sassaabuu DCS guca kana irratti tarreeffaman hojjetaa gosawwan, hojiilee gosawwaniin hojjetaman, yookin hojiilee warra Indiatin qabaman kan lafa kophaatti daangeffame keessa hojjetu irratt kan raawwatamanii miti. Yoo maatii mit eegduun hojjetaa gosa India, hojiilee gosawwaniin qabamanii, hojiilee warra Indiatin qabaman kan lafa kophaatti daangeffame keessa hojjetu irratt DCS tarii:

1. Ajaja deeggarsaa keessan hojiirra oolchuuf gosa ni gaafata ta'a. DCS kana kan godhu yoo Washington States fi gosti kana gochuuf adeemsa yoo qabaatanii dha.
2. Ajaja deeggarsaa keessan ijaaruu, hojiirra oolchuuf tarkaanfii xaddacha gosaa irratti galmeessi. Yoo DCS tarkaanfii xaddacha gosaa irratti galmeessise, DCs tarii adeemsawwan waliigaltee Washington States fi gosa India gidduutti fi gosawwan Indiatin wixineeffame fayyadama yookin adeemsawwan xaddacha gosaa hojiirra jiran kan fayyadamu ta'a.

Kanneen armaan gadii keessaa inni tokkollee dhimma keessaniif kan ta'an yoo ta'e DCS tarii dhimma keessan gara kutaa hojiirra oolmaa gosaatti ni erga ta'a.

1. Paartiilee lamaan ajaja deeggarsa keessan keessaa inni tokko yookin daa'ima keessan miseensota gosa India yoo ta'an.
2. Maatii mit eegduun hojjeta gosa India, hojiilee gosawwaniin qabaman, hojiilee warra Indiatin qabaman kan lafa kophaatti daangeffame keessa yookin lafa trastii keessatti kan hojjetu ta'e.
3. Paartiilee lamaan ajaja deeggarsa keessan keessaa inni tokko adeemsa yookin waliigaltee michooma deeggarsa daa'imaatin gargaaramu ta'e.
4. Paartiilee lamaan ajaja deeggarsa keessan keessaa inni tokko TANF Gosaa yookin sagantaa deeggarsa daa'imaa gosaa irraa tajaajilawwan fudhate.
5. Dhimmi keessan dhimmoota gosaa kanneen biroo ofkeessaa qabaate.

Seerotaafi Imaammata Deeggarsa Daa'imaa Tuqan

Boqonnaalee armaan gadii Seera Keessa Deebi'amaa Washington (RCW) fi Seera Bulchiinsaa Washington (WAC) tajaajilawwan DCS kennu ni bulchu.

Boqonnaa 26.09 RCW Boqonnaa 388-14A WAC
Boqonnaa 26.18 RCW
Boqonnaa 26.21A RCW
Boqonnaa 26.23 RCW
Boqonnaa 74.20 RCW
Boqonnaa 74.20A RCW

Daangeffamootni seerota mootummaan ba'anii itti gaafatamummaa deeggarsa irratti hojiirrani oolu. Yoo hojiirra oolan, maatii mit eegduun tarii daangeeffamoota seerota mootummaan ba'anii akka hittisa isaan hunda isaa yookin garee itti gaafatamummaa deeggarsa abboomuu daa'imaatti itti fayyadamu ta'a.

Waamicha Bilbilaa

Odeeffannoo waa'ee dhimma keessanii argachuuf, "KIDS" dhaaf lakkoofsa sirna bilbilaa awtomaatikaalaa 800-442-5437 irratti bilbili. Hamma danda'ametti sirna kana fayyadamaa maaloo. Yoo isin waan sirni "KIDS" qabachuu hin dandeenye qabaattan, waajjira DCS dhimma keessan qabateef bilbilaa. Yaadadhaa, hojiilee sassaabuu dhimma keessanii kanneen biroo irraa yeroo fudhata. Baay'ina bilbila bilbilamuu hir'isuun DCS irra caalaatti akka isin tajaajilu godha.

Yoo isin dirqama DCS qunnamuu qabdan, lakkoofsota bilbilaa armaan gaditti tarreeffaman fayyadamaa. Lakkoofsota bilbila bilisaa waamichaalee fageenya dheeraaf qofa fayyadamaa maaloo. Tajaajilawwan TTY/TDD warra hanqina dubbachuu fi dhaga'uu qabaniif ni jira.

Seattle:	(206) 341-7000 / (800) 526-8658	Vancouver:	(360) 696-6100 / (800) 345-9984
Tacoma:	(253) 597-3700 / (800) 345-9976	Wenatchee:	(509) 886-6800 / (800) 535-1113
Everett:	(425) 438-4800 / (800) 729-7580	Yakima:	(509) 249-6000 / (800) 441-0859
Spokane:	(509) 363-5000 / (800) 345-9982	Olympia:	(360) 664-6900 / (800) 345-9964
Kennewick:	(509) 374-2000 / (800) 345-9981		

Odeeffannoo waa'ee kaffaltii elektiroonikaalaatiif lakkoofs 800-468-7422 irratti bilbilaa yookin weebsaaytii www.dshs.wa.gov/dcs. daawwadhaa. Seenaa kaffaltii dhimma keessanii onlaayiniin daawwachuuf https://securedshs.wa.gov/dcsonline/.. irratti galmaa'uu dandeessu.

Namni kamiyyuu sababii Gosa, bifa, biyya dhalootaa, ilaalcha, amantaa, saala, umurii, yookin qaama miidhamaa ta'uu isaatin kan ka'e hojataa ta'ee qacaramuu, tajaajilawwan, yookin kallattii gochaalee sagantichaa kam iyyuu irraa addaan hin baafamu. Yoo barbaachisaa ta'e guca kana formaatii filannoo biraatin argachuun ni danda'ama.